



Full Length Research Paper

## Qaaccessaa Akkaataa Fayyadama Afaanii Sirboota Haacaaluu Hundeessaa Keessatti

Taaddasee Hirphaa\*fi Margaa Abbabaa

Yuuniversiitii Jimmaatti Koolleejji Saayinsii Hawaasaa fi Namoomaa  
Email: yomiftade47@yahoo.com

Submission Date: October 31, 2020

Acceptance Date: June 10, 2021

---

### Axeeraraa

*Qorannoon kun akkaataa fayyadama afaanii sirboota Haacaaluu Hundeessaarratti xiyyeffate. Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa akkataa fayyadama afaanii sirboota Haacaaluu Hundeessaa keessatti mul'atan qaaccessuudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf mala akkamtaa fi dayeessa bifeessummaatti dhimma baahame. Adeemsa kana keessattis weelluulee Haacaaluu Hundeessaa queenxeen weellifaman sadii filachuun qaacceessa haasbarruu fi sakatta'a dokimantii fayyadamaun akkaataa itti fayyadama afaanii gama irradeddeebii dhaamsagootaa, bilbila sagalee, malleen dubbii fi akkaataan teessuma barreeffamaa walaloo mul'atan qaacceffamaniiru. Bu'uruma kanaan firii qorannichaa gama irra deddeebii walalichaan walqabatee dhamsagoonni dubbifamaa fi dubbachiftuu jalqabarraan, gidduu fi xumura bo'oowan walaloo keessatti bal'inaan kan mul'atan ta'uun adda baheera. Bilbilli sagaleeles xumura bo'oowanii irratti (aa, bb, cc, dd...) ta'uun kan mul'atanii fi darbee darbee (abab...) kan keessatti argaman ta'uun beekameera. Akkaataa itti fayyadama malleen dubbiin walqabatees sirboota filataman keessatti atee, habalaka, arbeessuu, mitihee, nameessuu, fakkoommii / mallatoon nimul'atu. Gama biraan immoo akkaataa teessuma walaloo Haacaaluu walqabatee irradeddeebiin jechoota bo'oowwaan walaloo adda addaa keessatti mul'ateera. Akkasumas, bilbilli sagalee darbee darbee walsimachuu dhabuun nicaliqqisa. Ta'us, dhimmoonni akkasii kallattii barbaadameen ergaa dabarfachuuf kan oolu ta'uu qorannichi adda baaseera. Kana malees, sirboonni Haacaaluu ibsoota seenaa, eenyummaa fi kkf'n badhaadhoo waan ta'aniif ogeeyyiin ogumaa qaawwa gama kanaan mul'atu haagutaniin yaboo qorannichaati.*

**Jechoota Ijoo:** Fayyadama afaanii, akkaataa, walaloo, sirba, aartii

---

## Abstract

*This study is a stylistic analysis of the late Hachalu Hundessa's songs. The main aim of the study was to explore various stylistic devices used in the late singer's songs. To achieve the objective, qualitative research method and the theoretical framework of formalism theory were employed. The data for the study were collected through both discourse analysis and document analysis. Three single songs of the singer that show the stylistic use of language like alliteration, assonance, rhyme, rhythm, and graphological deviation were selected and analysed. The findings revealed that use of alliteration and assonance at the beginning, middle, and at the end of verses. Rhymes of the verse are revealed in the form of (aa, bb, cc, dd...), and rarely (abab...) verse styles were performed. In addition, figurative speeches such as simile, metaphor, personification, apostrophe, hyperbola, antithesis, paradox and symbols, which gave value for his songs, were used in his songs. The graphological deviations in the songs were full of analogous at the end of the verse. Nevertheless, verses of contradictory were also observed though in rare cases. However, these graphologies were used for interpretive function of one's own individual meaning. The analysis also showed that his songs have connections with the historical background and cultural identities of the Oromoo. Accordingly, it is recommended that the other scholars should carryout a research particularly on his energetic songs to fill the aforementioned gap for the future.*

**Keywords:** Language use, stylistic, poem, song, art

---

## 1. Seensa

### 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Sirbi akaakuuwan ogumaa bifa yeedaloon dhihaatan keessaa isa tokko. Kunis dhimmoota hawaasa keessatti bashannansisu, bohaarsuuf, akkasumas miira keessoo ofii ittiin ibsachuuf, kan tajaajiludha. Akkuma beekkamu hawaasni Oromoo bara duriiraa eegalee hamma ammaatti sirbootaafi geerarsatti gargaaramuu wantoota adda addaa ibsachaa kan tureefi ammallee ibsachaa kan jiruudha (Awwal, 2103). Aartiin dhimma miidhagummaa hojii ogumaatiin walitti hidhatudha. Akka qeqaan sochii bifaleessuu Raashiyaa (Russian formalism) keessatti qooda qabaachaa kan ture Victor Shklovsky (1917) jedhamu barruu aartii akka teknikatti jedhu keessatti maalummaa aartiifi hojii aartii ibsee jira. Aartiin wanti tokko keessa namaatti akka dhagahamu kan taasisuufi waan ibsu immoo fulleen osoo hin taane bifa dhoksaa ta'een kan dhiheessu akka ta'e eeree jira. Hojiilee ogumaa kanneen keessaa sirbi isa tokko yoo ta'u; unka walalootiin barreessaan yookiin weellisaan kan yeedalloo itti uumee dhiheessudha.

Sirbi unka walaloo kan qabu yoo ta'u akka gooroo ogbarruutti fudhatamuu danda'a. Hiikni walaloo immoo kan hubatamuu danda'u karaa ifaafi jechoota hiika fullee qabaniin osoo hin taane jechoota guyyuu irraa maqaniiti. Yaada kana ilaachisuun Sylvan and William (2009) "Language of Poetry is abroad category that includes figurative speech as well as sound device" jechuun ibsa. Kunis hojiilee ogumaa unka walloon qabu keessatti calaqqueen malleen dubbiifi haalli irra deddeebii sagaloottaa kan mul'atu ta'u agarsiisa.

Haaluma kanaan, hojilee aartii keessatti keessumaa akaakuwwan ogbaruu garaagaraa keessatti maloonni wantoota baratamanirraa jallifamanii karaa dhageetti uumuu danda'aniin dhihaatan keessaan inni tokko akkaataa fayyadama afaniiti. Berhanu, (2013, f. 308) yaada kana; "In the discussion of stylistics we concentrate on diction, the kind of word choices a writers makes syntax the order those words assume in sentence and the presence of figurative speech" jechuun ibsa. Yaada kanarrraa kan hubatamu fayyadama afanii hojii ogumaa keessatti xiyyeffatamuun kanneen qaban filannoo jechootaa, haala walsimanna caasaa hima afan tokkoofi akkaataa malleen dubbiit itti hojiirra oolan ta'uu isaati.

Karaa biroo immoo dhimmootni akkaataa fayyadama afanii keessatti ilaalamuu qaban haala ijaarsaafi irra deddeebii sagalootaa yookiin dhamsagoota afan tokkooti. Yaada kana ilaachisee Addunyaan (2014, f.167) yoo ibsu; "Fayyadama afanii ilaachisee irra deddeebiin dhamsagootaa (dubbifamaafi dubbachiiiftuu), jechoonnifi caasaaleen wal qooman akkasumas, filannoona jechaa bakka guddaa qaba" jedha. Yaadni kunis kan agarsiisu fayyadama afan ogumaa ilaachisee akkaataa dhamsagoonni afan tokkoo itti irra deddeebiin mul'atan kanneen akka irra deddeebii dubbifamaa (consonance) irra deddeebiin dubbachiiiftuu (alliteration) walsimanna caasaa afanifi filannoona jechaa ilaalamuu akka qaban kan ibsudha. Qorannoona kunis, akkaataa itti fayyadama afanii sirboota Haacaaluu Hundeessaa qaaccessuu waan ta'eef dhimmootni irra deddeebii dhamsagootaa yookiin filannoo jechaafi malleen dubbi walaloo sirbichaa keessatti mul'ataniifi akkaataa teessuma barreeffama walaloo sirbichaa irratti xiyyeffate.

## 1.2 Ka'umsa Qorannicha

Sirbootni walaloo weellistoonni yeedalloo itti uumuun miidhagsanii gurra hawaasaa biraan gahanidha. Kana keessatti miidhagina hojii oguma isaaniitiif haalli weellistoonni jechoota qindeeffachuun, akkasums jechoota filachuun hojii aartii isaanii gurra uummataan gahan garaagarummaa qabaachuu ni danda'a. Kunis akkaataan fayyadama afanii weellistootaafi hojilee aartii adda addaa keessatti mul'atu adda addumma qabaachuu mul'isa. Miidhagina hojii ogumaatiif immoo haalli fayyadama afanii murteessaa dha. Halliday and Hassan, (198,f.250) "Literary language and poetry as a great extent where by making the language more beautiful" jechuun ibsu. Kunis akkaataan fayyadama afanii walaloo keessatti karaa miidhagina qabuun yoo ta'e filatamaa akka ta'e agarsiisa.

Qorannoona kun akkaataa itti fayyadama afanii sirboota qeenxee Haacaaluu Hundeessaa "jirra, jirraa", "Maalan jira?" fi "Maasaan gamaa lafa hinbaatu" jedhaman irratti kan xiyyeffatedha. Sadarkaalee fayyadama afanii hayyoonni sadarkaalee adda addaatti keessan: haala dhihaatinhaa hiika jechootaa(Semantic devices),haalaa caasaa afanichaa, haala dhamsagootaa, (Phonological Deviation), haala teessuma barreeffama walalichaa, (Graphological Deviation) haala xiiniikaa (haala fayyadama looga afanichaa ( dialectal Deviation)) fi filannoona jechootaa jedhaman keessaa; qorannichi haala dhamsagootaa, sagaleewwanii, filannoona jechotaa/ malleen dubbiifi haala teessuma barreeffamichaa irratti kan xiyyeffatedha. Qorannooleen haala fayyadama afanii ogwalaloo adda addaa keessatti hanga ta'e tokko hojjatamanii. Haata'u malee, hanga qorattooni sakatta'anitti qoranno gama unka walaloon walqatanii sirba Haacaaluu Hundeessaa irratti hojjataman hin mul'atan. Kanaaf, qoranno dhimma unka walaloon walqabatee sirba Haacaaluu irratti hojjatamuun dhabuun ka'umsa qorannichaati. Gama biroon, dhageettii qabaachuu fi fudhatumummaan sirba isaa; akkasumas

gumaacha akkaataa fayyadama afaanii sirboota isaa keessatti mul'atan qorachuun barbaachisaa ta'ee argamuudha. Haaluma kanaan, sirboota Haacaaluu keessatti akkaataan fayyadamni afaanii maal akka fakkaatu agarsiisuuf qorannoон kun yayyabamee jira. Bu'uruma kanaan, qorannoون kun gaaffilee armaan gadii deebisee jira:

1. Sirboota Haacaaluu Hundeessaa keessatti akkaataa fayyadama dhamsagootaa yookiin sagaleewwanii (phonological stylistic devices) maal fakkaatu?
2. Sirboota Haacaaluu Hundeessaa keessatti akkaataa dhihaanna jechootaafi fayyadamni malleen dubbii maal fa'i?
3. Sirboota Haacaaluu Hundeessaa keessatti halli teessuma barreeffama walaloo sirbichaa (Graphology) maal fakkaata?

### **1.3 Seena Gabaabaa Haacaaluu Hundeessaa (1976-2012 A.L.I)**

4. Artisti Haacaaluu Hundeessaan haadhasaa Aadde Guddattuu Horaafi abbaasaa Obbo Hundeessaa Boonsaarrraa naannoo Oromiyaa, Godina Shawaa Lixaa, magaalaa Amboo Ganda Torban Kuttaayeetti A.L.I bara 1976tti dhalate. Gootichi ija barbadaa, Artisti Haacaaluu Hundeessaa akkuma umriinsaa barnoota sadarkaa tokkoffaaf gaheen bara 1981tti mana barumsaa Iddoo Liibanii fi Carii jedhamutti barachuun xumure. Barnoota sadarkaa lammaffaa ammoo mana barumsaa Ambootti barate. Gama jirenya dhuunfaasaatiinis hiriyyaasaa Aadde Faantuu Damissoo waliin waggoota shanan dura gaa'ila hundeeffachuu jiraachaa kan turan yoo ta'u, abbaa ijoollee sadii ture.
5. Akkuma Oromo, "Jibichi korma ta'u addasaa irraa beekama" jechuun mammaakutti Haacaaluun umrii kichummaasaarrraa kaasee ogummaan aartiitiin hawwatamee guddate. Yeroo daa'imummaasaarrraa eegalee kiraaraafi masiinqoo fudhachutiin qarree fincaa'aa lagaafi burqaa bishaanii taa'ee ofumasaan ofjalaa qabee weeddisaa ture. Mallattoon dhiirummaafi gootummaas ijoollummaasaarrraa kaasee ijaafi addasaarrraa mul'achaa kan ture yoo ta'u, Adoolessa bara 1994tti hiriyyootasaa jaha waliin sababa fincila diddaa gabrummaa yeroo sanaa barattootaafi dargaggoota Oromo dhohe keessatti waan hirmaateef qabamuun hidhame. Kanaanis Hacaaluufi hiriyyootni isaa afur waliin hidhaa wagga shanii booda bilisa jedhamuun gadi lakkifaman.
6. 7. Jaalalli ogummaa aartii Haacaaluu ijoollummaasaarrraa kaasee keessa isaatti uumame karchallee Ambootti dagaaguun mul'ate. Achuma keessa taa'uunis walaloofi yeedaloo uumamaa keessasaatii waraabamee hindhumneen si'a jalqabaatiif weelluu albamiisaa, "Sanyii mootii" jedhu barreessuun xumure. Erga albamiisaa, "Sanyii mootii" jedhu baaseen booda Artisti Jaamboo Jootee waliin ta'uudhaan 'VCD' maxxansiisuun baasaniiru. Kana boodas, albamiisaa 2<sup>ffaa</sup>, "Waa'ee keenya" jedhu hojjechaa osoo jiruu, Ameerikaa ('USA') irraa viizaan dhufef. Kanaanis maaстарии hojiisaa hiriyyaasaa Hingiduu Cimsaatti kennatee gara Ameerikaatti imaluuf dirqame. Albamicha galgala tokko osoo teenyuu yaada, "Dubbiin keenya yoo itti dhiisan nama hindhiisu, dubbii keenya akka hintaane, osoo jirruu akka hinjirree akka hintaane" jedhu dubbatee achumaan walaloo barreessuutti taa'e. Kanumaanis albamiisaa lammaffaa hojjechuu danda'e jechuudha. Sirboota albamichaa keessattis jaalalaafi kutannoo mirgi ummata Oromo akka kabajamuuf hawwu haalaan ibsachuu danda'eera.
- 8.

9. Artisti Haacaaluun yeroo haalli nageenya biyya keessaa rakkisaa turetti Ameerikaa deemuudhaan hawaasa Oromoo dubbisaa tureera. Isaanis, biyyatti deebi'uu akka hinqabne gorsuun kadhataniyyuu, "Biyya abbaa koorraa eessattan hafaa? Achumatti galeen du'a!" jechuudhaan diinaan wal'aansoo qabuuf gara biyya abbaasaa, Oromiyaatti deebi'e. Innis jaalala ummatasaaf qabu nama afaaniin qofa otoo hinta'iin gochaan jiraachuun agarsiiseedha. Haacaaluun dubbii fi ogummaasaatiin taateewwan har'a mudatan osoo hinta'iin kan borii fi iftaaniis raajuun ummata Oromoo dammaqsaa, gorsaa fi akeekkachiisaa nama turee dha. Sagaleesaa kiilolee sanaan qawwee caalaa lolee lolchiiseera.
10. 11. Gootichi Haacaaluu Hundeessaa artistii qofa osoo hinta'iin, qabsaa'aa seenaa, walqixxummaa fi bilisummaa sabootaa fi sablammootaaf halkaniif guyyaa osoo aara hingalfatiin hojjechaa turee dha. Haqa ummata Oromoo biyya Itoophiyaa jedhamtu keessatti cunqurfamuun awwaalamaa ture aartiidhaan deggaruun nama cichee hojjechaa ture. Kanaafis sirna kabaja Aduwaa bara 2011rratti seenaa sobaa gareen muraasni ittiin faarfamaa ture saaxiluutiin kan saboota Itoophiyaa maraa keessattuu kan gootota Oromoo hedduu ta'uusaa sagantaa inni addabaabaayii masqlaatti qopheesse yoomillee kan hindagatamnee dha.
12. 13. Haacaaluun ilma sabaa waan ta'eef yeroo hedduu hojii idileesaarraa ummatasaa gargaaruuf yeroosaa aarsaa gochaa tureera. Gaafa quuqama sabaa ibsu, "Maalan jira" jedhe, gaafa lammiisaa jajjabeessu ammoo, "Jirra, jirra..." jechuun onnachiisee abdii itti hore. Fulduratti ammo sirboota baay'ee baasuuf qophiirra osoo jiruu Waxabajji 22 bara 2012 rasaasa itti dhukaafameen lubbuunsaa darbeera. Hanga gaafa du'uutti guyyaa tokkoofillee harka kennatee hinbeeku ture. Hanga har'aattis and albamii lamaa fi sirboota qeenxee, "Maalan jiraa, jirra jirraa, waa'ee keenya, nan hima waa'ee kee, Oromiyaa, cabsaa fi Aggaaroo" jedhan jaallattootasaaf gumaacheera. Madda: Bariisaa, Waxabajji 27 Bara 2012 fi Ethiopian Press Agency; July 4, 2020.

## 2 Sakkatta'a Barruuwwan Walfakkaatoo

### 2.1 Haala Fayyadama Afaanii

Afaan bu'uura tajaajila hawaasaati. Hayyooni akka Lyons (1981), Thomas, (1999) hawaasni tokko dhimma karoorfatuufi hojjatu keessatti afaan wiirtuu tajaajila hawaasaa ta'u eeru. Afaan akka waliigalaatti meeshaa waliigaltee dhala namaaf kennameedha. Pei (1966,f.141) "Language as a system of communication by sound, operating through the organs of speech" jedha. Dabalataan immoo Krauss and Chiu (1993, f.87) afaan karaa namoonni miira isaaniitti dhagahame yaada, fedhii akkasumas beekumsa isaanii ittiin ibsataniidha jechuun ibsa.

Fayyadama afaanii jechuun immoo haala addaa addaa keessatti akkaataa afaan hojiirra oolu kan ilaallatuu dha. Kunis dhimmoonni caasaa afaanichaa ilallatan jechoonni afaanichaa akkamitti dhimma ta'e tokko ibsuuf akka dhihaatan xiinxaluu wajjiin kan walqabatuu dha. Yaada kana ilaachisee Cooper (1976) yoo ibsu itti fayyadamni afaanii xiyyeffanno garaagarummaa afaan tokko keessatti haala dubbii, seerlugaa fi jechootaan walqabatee mul'atu akka ta'e akeeka. Isaaf fayyadamni afaanii dhimmoota looga afaanicha keessatti mul'atuun walqabatee garagarummaa hojiirra oolmaa sadarkaa dubbii caasaa fi jechootaan

walqabatu ta'uu isaa ibsa. Haata'u malee, fayyadamni afaanii looga walfakkaataa ta'e tokko keessatti haalli namni dhimma ta'e tokko ibsuuf jechoota fayyadamu, seerluga fayyadamu addaa addummaa kan qabaatuu dha. Karaa biroo fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaanii iddo adda addaa keessatti, dhimmoota hawaasaa keessatti qabuu dha.

Haala kana Clark (1996) yoo ibsu, fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaa fi murteessaa ta'uusaa lafa kaa'ee jira. Kanaafuu, hojiin fayyadama afaaniirratti hojjetamu garaa garummaa haala xiinqooqaafi hawaasummaa jiru adda baasuu fi ibsuu wajjiin kan walqabatee dha.

### **2.1.1 Haala Fayyadama Afaanii Walaloo Sirbaa Keessatti**

Oguma keessatti itti fayyadamni afaanii karaa baratamaa ta'een dhihaata osoo hin taane afaan guyyuu irraa mafee kan dhihaatudha. Sababni afaan guyyuu irraa maquun barbaachiseef keessaa inni tokko haala miidhaginaafi xiyyeffannoo ergaa hojii ogumaa sanaan kan walqabatudha. Walloon sirbaa hojiwwan ogumaa yooikiin aartiin dhihaatan keessaa isa tokkodha. Kanaaf, itti fayyadamni afaanii karaa adda ta'een kan mul'atudha. Leech (1969) yaada kana yoo ibsu "what makes poetry is the linguistic deviation a poet manipulates in his poetry and therefore linguistic deviation is regarded by him a means of creating artistic beauty" jedha. Yaadni kunis, waloon walloon isaa miidhagina akka qabaatuuf haalli fayyadama afaanii murteessaa ta'uu isaa kan ibsuu dha. Karaa biroo Bakhtin (1981, f. 286) akkaataan fayyadama afaanii walaloo keessatti akkamiin dhihaachuu akka qabu yoo ibsu "The language of the poetic genre is a unitary and singular Ptolemaic worldoutside of which nothing else exists and nothing is needed. The concept of many worlds of language, all equal in their ability to conceptualize and be expressive, is organically denied to poetic style" jechuun ibsa. Kunis fayyadamni afaanii walaloo keessatti jechoonni haala qusanna qabuun kan hojiirra oolan ta'ee, afaanoni addunyaa kana irra jiran walaloo keessatti haalli itti dhihaataniifi waan tokko itti addeessan humna qabaachuu irratti walfakkeenyaa kan qaban ta'uu isaa kan hubachiisuudha.

Miidhagina hojii ogumaatiif, hallii dhihaatina xinqooqa afaanichaa murteessaadha. Geengoo Xinqooqa Moskoo (Mosko Linguistic Circle) hundeessudhaan kan beekamu Jaakobsen barreeffama isaa "Linguistics and Poetics (1958)" jedhu qopheesse keessatti ogbarruun keessummaa immoo walloon ergaa dabarsuuf jechoonni fayyadamu babbareedaa ta'uu akka qaban eera. Xinqooqni immoo saayinsii waliigala caasaa jechootati jechuudhan ibsa. Caacculeen bareedina (poetic) jechootaa kunis handhura xinqooqaa akka ta'an kan eerudha. Egaa yaada kana irraa kan hubatamu hojiileen ogumaa akka waliigalatti jechoonni isaan fayyadaman kan miidhagina qaban yoo ta'u kan walaloo immoo xiyyeffannoo guddaa kan gaafatu ta'uu isaa ibsa. Sirbi walaloo weellisaan yookiin walloon tokko barreesetti yeodalloo mataa isaa uummatee kan gurra hawaasaan gahu waan ta'ee, sirbi akaakuu walaloo keessaa tokko jechuun ni danda'ama.

Akkaataan fayyadama afaanii sadarkaalee adda addaa qabaachuu danda'a. Leech (1969) akkaataa fayyadama afanii jechuun sadarkaalee saddeetitti qoodee ibsa. Isaanis, Sagaleewan. xiinihiika, xiinhima, looga, filannoo jechaa, ergifanna, jechaaf, haala teesuma walaloo fi kan

kana fakkaatan ibsee jira. Simpson (2004) immoo Akkaataa fayyadama afaanii jechuun sadarkaaleen shan akka jiran eera. Isaanis irra deeddebii sagalootaa, filannoo jechootaa fi hiika jechootaa, haala xiinjechaa, xiinhima, miidhagina kanneen jedhamanii dha. Karaa biroo Addunya (2014, f.167) yoo ibsu “Fayyadama afaanii ilaachisee irra deddeebiin dhamsagootaa (dubbifamaa fi dubbachiiftuu, jechoonni fi caasaaleen walqooman akkasumas, filannoon jechaa bakka guddaa qaba” jechun ibsa. Haaluma kanaan qorannoo kun sadarkaalee akkaataa yookiin haala fayyadama afaanii hojii ogumaa ilaachisee fayyadama malleen dubbii, irradeddeebii dhamsagootaa yookiin sagaleewwanii fi haala teesuma barreeffama walaloo sirbichaa (Graphological Deviation) irratti kan xiyyeffatee dha.

### **2.1.2 Haala Irradedeebii Dhamsagootaa yookiin Sagaleewwanii**

Akkaataa fayyadama afaanii walaloo sirbootaa keessatti qabxiileen xiyyeffatamuu qaban haala irra deddeebii sagalootaa yookiin dhamsagootaati. Karaa miidhagini hojii ogumaa keessumaa kan walaloon (sirbooni) ittiin beekaman haala sagaloonni irra deddeebi'un itti mul'atanii dha. Fedhasaan (2013, f.85) akka eerutti, “Walloon (sirbi) gosa ogbaruu miidhagina sagalee, filannoo jechootaa, dhikkisa yookiin yeedalloo hubatamaa, walqixxummaa safara birsagootaa, unata sagaleefi duraaduuba jechootaa / sagaleen beekamuu dha” jedha. Kunis dhimmoota akka irradedeebii sagalee dubbifamaa (Alliteration), irra deddeebii sagalee dubbachiiftuu (assonance) bilbila sagalee (rhyme) yaa'a sagalee (Rhythm)fi safara kan ilaaallatuu dha. Bilbila sagalee jechuun walaloo tokko keessatti yeroo baay'ee dhuma gubbaatti sagalee walfakkaatuun xumuramuu jechuudha, yaa'insi sagalee (rhythm) jechuun immoo akkaataa yaa'insa jechootaa safaramuu danda'anii fi qophaa'ina afaanii kan mul'isu jabina, laafinaa fi haara galfanna birsagootaa kan agarsiisuu dha. Haaluma kanaan sirboota Haacaaluu filataman keessatti dhimmoonni kunniin kan ilaalamanii dha.

### **2.1.3 Haala Fayyadama Malleen Dubbii**

Dhimmoonni walaloo sirbaa keessatti ulfaatina ergaa fi miidhagina walalichaaf murteessaa ta'an haala filannoo jechootaati. Filanno jechootaa ilaachisee Alamaayyoo fi Kaawan (2009, f.114) yoo ibsan “Filanno jechootaa walaloo sirbaa keessatti baay'ee barbachisaa fi murteessaa dha. Kanaafuu, sirriitti itti yaadamanii kan barreeffaman ta'uu qabu” jechuun ibsu. Filanno jechootaa malleen dubbii kanneen akka, akkasaa, bakkasaa, nameessa fi kanneen biroo of keessatti hammata. Malleen dubbii akkaataa fayyadama afaanii keessaa isa tokko ta'e dhimma tokko ibsuu keessatti karaa salphaa fi hubatamuu danda'uun kan dhiheessuu dha. Yaada kana deeggaruun, Addunya (2014, f.208) yoo ibsu “Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisanii dha” jedha. Kanaafuu, fayyadama afaanii keessatti malleen dubbii ergaa fi miidhagina walaloo sirbaa tokkoo ilaachisee shoora qabaachuu isaatu hubatama.

Gosooni malleen dubbii hojii ogumaa tokko keessatti hojiirra oolan adda addaa ta'uu malu. Akkaataan hojiirra oolmaa isaanis akkaataa barreessaan yookiin weellisaan ergaa isaa dabarfachuu barbaade/barbaaddetu murtessa. Gosoota malleen dubbii kana ilaachisee Gudden (1982, f.27) yemmuu qoqqoodu, "There are many figure of speech devices. Figure of speech is divided into: simile, metaphor, personification, apostrophe, hyperbola, antithesis, synecdoche, paradox and symbol" jechuun qoqquodeera. Yaada kanarrraa kan hubatamu malleen dubbii gosoota adda addaa qabaachuu isaaniti. Isaanis: akkasa, iddeessuu, nameessuu, atee, habalaka, arbeessuu, mitihee, fakkommii / mallattoo fa'ii.

#### **2.1.4 Haala Teessuma Walaloo (Graphological Deviation)**

Haala teessuma kan jennuakkataa ijaarsa walaloo kan ilallatu dha. Walaloon akaakuu barreeffamaa sirna barreeffamaa sirnaawaa irraa maqee dhihaatu dha. Kun immoo mirga walaloon sirna barreeffamaa keessatti qabuu dha. Kanaaf haala teessumaa (graphological deviation) kan jedhamu immoo akkaataa walaloon bo'oo bo'oон itti qindaa'u kan ilaalu dha. Leech (1969,f.49) yaada kana yoo ibsu yaada armaan gadii dhiheessa:

Graphology is a type of deviation that is related to the poet's disregard of the rules of writing. It is the line-by-line arrangement of the poem on the page with irregular margins. The graphological deviation or the special way of putting words and lines on the page may add a sort of second meaning to the original meaning of the verse.

Yaadni kunis haala teessuma walaloo jechuun akkaataa waloon bo'oo bo'oон itti taa'uu fi akkaataa jechoonni itti dhaabbatan ta'uu isaa kan agarsiisuu dha. Kana malees, ergaa walaloo tokkoo hubachuu ilaachisee bo'oon jalqabaa akkamitti isa lamaaffaaf akka gumaachu kan agarsisu ta'uu isaati. Kanaaf, walaloon sirbaa seera baratamaa barreeffama afaan tokkoo hordofee deemuun dirqama miti jechuu dha. Yaada kana ilaachisee Birhaanuu (2003) biyya kamittuu yoo ta'e waloodhaaf mirgi bilisaa tokko kennamee fi jira. Yeroo tokko tokko seera caaslugaa cabsuu, sirna barreeffamaa hordofuu dhiisuu, jechoota irra deddeebi'amuu hinqabne irra deddeebi'uun walaloo isaa keessa galchuu akka danda'u ibsa. Kanaaf, dhimmootni kunis sirboota Haacaaluu keessatti akkamitti akka calaqqisan kan ibsuu dha.

#### **2.2 Dayeessa Qorannichaa**

Yaadiddamni qoranno kun irratti bu'uureffate yaadiddama bifeessuuti. Xiyyeffannoonaadiddama bifeessummaa unka yookaan bifa aartii sanaa qofa irratti kan xiyyeffatuu dha. Akka Shoulter, (1988, f.105) ibsuttis, yaadiddamni bifeessummaa hojii ogumaa keessatti bifa isaa irratti akka xiyyeffatu ibsa. "Formalist emphasises on the form of literary work to determine the meaning" jechuun deggera. Yaadiddamni bifeessummaa barreeffama tokko of danda'aa godhee ilaala. Kanaafuu, waa'ee eenyummaa barreessaa, haala, yeroo fi k.k.f. irratti xiyyeffanno hinkennu. Yaada kana ilaachisee Robert, (2000, f. 2076) yoo ibsu, "according to formalist view literary work is independent. The concern of literary criticism is also with the work of itself rather than author or back history of the work" jedha. Akka yaada kanaatti yaadiddamni bifeessummaa hojji kalaqaa tokko qofaatti of danda'ee kan dhaabatu godhee waan ilaaluuf kallattii adda addaan barreeffama tokkoof hiika kennuun akka danda'amutti ibsa. Haaluma kaanaan yaadiddamni bifeessuu qabxiilee kanneen akka miidhaginaa, itti

fayyadama jechootaa, aartummaa baruu sanaa hiika dabsataa, haala ijaarrama barreeffamichaa, itti fayyadama dubbii qolaa fi kkf irratti bu'uureffachuun hojiilee ogumaa kan ilaaluu dha. Qorannoон kunis kanuma bu'uura godhachuun yaadiddama bifeessuutti dhimma bahuun kan gaggeeffamee dha.

### **3. Malleen Qorannichaa**

Qorannoон kun gosa qorannoо akkamtaa hordofuun gaggeeffame. Malli akkamtaa, ragaa qorannichaaf barbaachisu erga funaananii booda jechaan ibsa bal'aa kennuun kan gaggeeffamudha (Cresswell 2007). Haaluma kanaan qorannoон kun akkaataa itti fayyadama afaanii sirboota Haacaaluu Hundeessa keessatti dayeessa bifeessummaa fayyadamuun kan gaggeeffame yoo ta'u; adeemsi qorannoо kanaa keessatti sirboota Haacaaluu kanneen yeroo dhihoo as bifaa qeenxeen gurra uummataa bira gahaa turan addaan baasuutu raawwatame. Haala kanaan sirbootni Haacaluun keessummaa haala yeroo wajjiin walqabsisuun gurra uummataa biraan gahaa ture "Jirra, Jirraa; Maalan jiraa fi Maasaan Gamaa Lafa Hin baatus-sirba hawaasaa jalqaba Wasanuu Diidoon sirbame Haacaaluun irra deebi'ee (mix) gochuun kan sirbetu" qorannoо kana keessatti filatame. Ulaagaan filannoos qorannoо akkaataa ilaachisee hariiroo mata duricha waliin qaban irratti hundaa'uun kaayyoo qorannichaa galmaan gahu danda'u jechuun kan filatamnii dha.

Adeemsi qorannoо kun keessa darbe inni biroo sirboota viidiyoon jiran dhaggeeffachuun gara barreeffamaatti jijiirruun (haas barruutu raawwatame). Sirbootni haas barruun irratti raawwatamanis "Maalan jiraa fi Maasaan Gamaa Lafa Hinbaatu" kanneen jedhan irrattidha. Haasbarruun waan sadarkaa barreeffamaatti hin jirre qaacceessuu waliin kan walqabatu akka ta'e hayyooni ni ibsu. Qaacceessi haasbarruu akka waliigalatti itti fayyadama afaanii hawaasaa keessatti dubbatame tokko keessatti faayidaa maalii akka qabuu fi dubbii namoota gidduutti taasifamu keessatti maal akka fakkaatu ijaa xiinqooqaatiin qaacceessuuf kan gargaaru ta'uu isaati (Yule 2010,f.142). Sirbi sadaffaan filatame "Jirra, jirra" jedhu qorattoonni sirbicha bifaa baarreeffamaan waan argataniif mala funaansa ragaa sakkatta'a dookimentii hojiirra oolchan. Sakatta'a dookumentii jechuun adeemsa qorannoо tokko gaggeessuu keessatti tooftaa qorannoо sun fudhatumummaa fi dhugummaa isaa mirkaaneessuuf bareeffaamtoota bifaa adda addaatiin taa'an qaacceessuu fi ibsuuf kan gargaaru dha (Dastaa2013). Akkaataan qaaccessa ragaa qorannoо kana keessatti hojiirra oole qabxiilee xiyyeffannoо fayyadama afaanii hojiilee ogumaa jedhu irratti hundaa'uun sirboota keessatti haalli irradeddeebii dhamsagootaa agarsiifamanii jiru. Kana malees, gosoонни fi malleen dubbii akkamitti akka dhihaata tokko tokkoon qaacceffamanii jiru. Akkaataan teessuma barreeffamaa walaloo sirbaa kunis xiinxalamani jechaan ibsuun dhihaataniiру.

### **4. Qaacceessa Ragaa fi Bu'aa Qorannichaa**

Mata duree kana jalatti qaaccessa ragaalee fi bu'aalee qorannichaatu duraa duubaan dhihaate. Akkuma beekamu halli irradeddeebii sagaloota dubbifamaa fi dubbachiiftuu dhimma bo'oowwan walaloo keessatti mul'atanii dha. Bilbilli sagalee immoo dhimmoota xumura bo'oowwan walaloo keessatti walsimuun dhihaataniidha. Malleen dubbii jechoota filatamoo sammuu namaa keessatti fakkii uumuun kanneen dhihaatan yoo ta'an; haalli teessuma

barreeffama walaloo immoo akkaataa waloon bo'oo bo'oon itti taa'uu fiakkataa jechoonni itti dhaabbatan kan agarsiisuu dha. Kana malees, ergaa walaloo tokkoo hubachuu ilaachisee bo'oon jalqabaa akkamitti isa lamaaffaaf akka gumaachu kan agarsisu ta'uu ibsa. Haaluma kanaan, dhimmoonni kunniin qaacceessa asiin gadii keessatti duraa duubaan dhihaataniiru.

#### **4.1 Qaaccessa Haala Irra Deddebii Sagalee Dubbifamaafi Dubbachiftuu**

Haalli irradeddeebii dubbifamaa walaloo Afaan Oromoo keessattis akkuma walaloo afaan kamiiyyu keessatti argamu wallee Haacaaluu keessattis bal'inaan argamee jira. Walaloon sirba isaa keessaa akkaataa irradeddeebii dubbifamaa bifa asiin gadiin kan mul'atuu dha.

**Ho...hoo...hoo...hoo...hoo**

**Ho...hoo...hoo...hoo...hoo**

**Ho...hoo...hoo...hoo...hoo**

**Ha...haa...haa...haa...haa**

**Jirraa....Jirraa....Jirraa....Jirraa**

**Jirraa ...Jirraa...Jirraa**

**Jirraa...Jirraa ...Jirraa**

Sirba Haacaaluu kana keessatti buufata lamaan irratti iyyuu sagaleewwan dubbifamaa irra deddebiin mul'atan ni argamu. Buufata jalqabaa irratti sagaleen '**H**' ta'e jedhamee sararoota bo'oo kanneen keessatti kan irradeddeebi'amee barreeffamee dha. Bo'oo lammaffaa keessatti immoo dubbifamaa '**L**' irradeddeebiin kan mu'atuu dha. Kunis qacceessa akkaataa fayyadama afaanii irradeddeebii sagalee dubbifamaa jechuun ni dandeenya. Kun ergaa fi miidhagina hojichaa keessatti kan shoora qabuu dha. Bo'oowwan walaloo jala butaman kana keessatti sagalee dubbifamaan '**H**' irradeddeebiin kan mul'atuu dha. Irradeddeebiin bifa kanaa kunis, sirbichi midhagina akka qabaatuuf gumaacha guddaa kan taasisuu dha.

Karaa biroo immoo akkuma dubbifama sagaleewwan dubbachiftuu yeroo irrradeddeebi'an kan mul'atuudha. Kun walaloo Afaan Oromootiin barreeffamu keessaatti beekamaadha. Irradeddeebii dubbachiftuu kan jennu irradeddeebii sagaleewwan dubbachiftuu walfakkaataa bo'oo keessatti argaman kan ilaallatuu dha. Kanaafuu, walaloo sirba Haacaaluu Hundeessaa keessaa fudhataman armaan olii kana keessatti calaqfee irradeddebii dubachiifuu agarsiisun ibsamee jira. Haaluma kanaan bo'oo jalqabaa keessatti sagalee dubbachiftuu 'oo'...fi '**aa'bifa**' irradeddebii qabuun galee jira. Buufata lammaffaa walaloo kana keessatti akka mul'atutti sagaleen '**i**' fi '**aa**'. Bakka garaagaraatti ni mul'ata adeemsi kunis akkaataa fayyadama afaanii irradeeddeebii dhamsagootaa yookiin sagaleewwanii sirba Haacaaluu Hundeessaa keessatti calaqqisu jennee ibsuun ni danda'ama.

Dabalataanis Sirba Haacaaluu "Maasan Gamaa Lafa Hinbaatu" jedhu keessaa fudhatame keessatti calaqfee irradeddeebii dubbifamaa fi dubbachisaa akkaataa armaan gadiin kan mul'atu ta'uu ni hubanna.

**Hallayyaan hallayumaa**

**Maaltu hallayyaan hurufa jedhee**

**Halagaan halagumaa**

**Maaltu halagaa dhaan fira jedhe**

Walaloo sirba armaan olii kana kesssatti sagalee '**H**' bo'oo walaloo sribichaa keeessatti bakka garaagaraatti irradeddebbiin sagalee dubbifamaa yeroo torba irradeddeebiin kan mul'atee dha. Kun immoo yaa'insi sagalee walfudhataa yeedalloo gaarii akka qabaatuuf ga'ee guddaa qabatee argameera. Gama biraan immoo, sagalee dubbachiiftuun walakkaa jechaa fi xumura jechaarratti 'a' / 'aa' fi 'a' / 'aa'haala gabaabbinaafi dheerina qabuun irradeddeebi' amee kan mul'atee dha. Kun immoo wallee Haacaaluu Hundeessaa keessatti haalli irradeddeebii gama dubbifamaa fi dubbachiiftuun bal'inaan kan keessatti mul'atu ta'uu nuhubachiisa. Irradeddeebiin sagaloota kunniin immoo weelluuleen Haacaaluu humna godhachuun dhageettii gurra namaatti tolee yeroo hundumaa akka yaadatamu godheera.

#### 4.2 Qaaccessa Haala Bilbila Sagalee /Yeedalloo (rhyme)

Bibilli sagalee walaloo keessatti miidhagina walaloo sanaaf baay'ee barbaachisaa dha. Kunis sagleewan dhuma walaloo irratti argaman haala walfakkaataa ta'een xumuramuu wajjiin kan walqabatuu dha. Walaloo sirba Haacaaluu fudhatama keessaa haala bibila sagalee fi safara sagalee akkataa asiin gadiitti hubachuun ni danda'ama.

Shira Shiranii garaaf qalbii kiyya hatanii (a)  
 Akkan sirraa cituuf yaadanii (a)  
 Maal godheen sirraa citaa (b)  
 Si fudheen Giincii koo lixaa ( b)  
 Si fudheen Gullisoo lixaa (c)  
 Sifudheen Dadar koo lixaa( c)

Walaloon sirba Haacaaluu kun sirba qeenxee "Jirra jirraa" jedhu keessaa kan fudhatameedha. Akkuma walaloo kana keessatti hubachuun danda'amuu sagaleewan dhuma jechaa irratti argamanii sirbi kun bilbila sagaleen akka guutamaa ta'u kan tasisan mallattoo haammattuu keessatti (aa, bb fi cc) jechuun agarsiifamnii jiru.

Karaa biroo immoo Walaloo sirboota keessatti bo'oo gaggabaaboo teesuu fi bibilli sagalee bo'oo bo'oon osoo hin taane bo'oo lammaffaa irratti yeroo inni mul'atu jira. Kana malees, bibila sagalee eegsisuuf waloos ta'ee weellistoonni sagalee dubbichiistuu qofa osoo hin taane sagalee dubbifamaan yeroo isaan ibsaman nijira. Yaada kana lamaan mirkaneessuuf walaloo sirba Haacaaluu Hundeessaa 'Maasaan gamaa lafa hinbaatu' jedhu keessaa fakkeenya qaacceessaaf dhihaatteraa kan hubatamuudha.

Maasan gamaa lafa hinbaatuu (a)  
 Talbaa facaafata taatii (b)  
 Tokko du'ee tokko hin taa'uu (a)  
 Wal gaggalafata taati (b)

Kana gadii Xaafii calleessan (a)  
 Ilma namaa keerroo jabeessan (a)  
 Oduu sobaa maaf odeessan (b)  
 Saba qulqulluu maaliif Xureessan (b)  
 Eemmulee Yaa Garba Ciisaa (c)  
 Biyya Ofii Maltu Gadhiisaa (c)

Walaloo sirbaa kana dhuka jalqabaa keessatti bilbili sagalee akkaataa bo'oo tokko darbanii bo'oo lammaffaa irratti bilbila sagalee (abab) qabaatan kan agarsiisuudha. Dhukti lammaffaa bo'oo 1<sup>ffa</sup> hanga 4<sup>ffa</sup> kan jiru immoo akkaataa sagalee dubbifamaan 'n' dhumarra galuudhaan bilbila sagalee ibsu kan agarsisuu dha. Walumaa galatti, bilbilli sagalee sirba Haacaaluu keessatti qindoominaan dhihaachuun miidhagina sirbichaaf humna guddaa akka gumaachu kan taasise ta'uun isaa qaacceessa dhihaaterra hubachuun nidanda'ama.

#### **4.3 Qaacceessa Fayyadama Malleen Dubbii Sirboota Haacaaluu Keessatti**

Akkaataa fayyadama afaanii keessaa inni biraan fayyadama malleen dubbiti. Harry (1972:208) yemmuu ibsu, "A figure of speech in which the literal (denotative) meaning of a word or statement in the opposite of that intended" jedha. Qabxii kanarraa kan hubatamu, malleen dubbii oguma keessatti dhimma tokko amansiisaafi qabatamumma akka horatu taasisuuf gahee guddaa taphachuu akka danda'uudha. Haaluma, kanaan sirboota haacaaluu keessatti qaaccessi malleen dubbii dhihaatee jira.

##### **4.3.1 Qaacceessa Haala fayyadama Malleen Dubbii Mitiheefi Tuqsee**

Sirboota Haacaaluu filataman keessatti malleen dubbii calaqqisan keessaa inni tokko mitihee (paradox) kan jedhamuu dha. Dhaamsa ergaa darbuu yookiin hima barreeffamu keessatti yaadni walfaallessu argamuu dha. Walaloon sirbaa kun yaada kana mirkaneessa.

Inuman tikse malee kuulatoo  
 Ashuffleen baddaa loon hin gabbisuu  
 Inuman rafe malee yaa lammii  
 Tokkummaa dhabuun nama hin raffisuu

Walaloon kun sirba Haacaaluu qeenxee "Maasaa gamaa lafa hinbaatu" jedhu keessaa kan fudhatamee dha. Walaloon sirbaa kana keessatti haala fayyadama afaan ogumaa jedhaman keessaa mala dubbii mitihee jedhamu kan calaqqisuu dha. Kunis, ergaan yookiin dhaamsi darbu irra keessaan walfaallessuu isaa bo'oowwan lamaan jalqabaa keessatti 'Ashuffleen loon gabbisuu akka hin dandeenyee fi garuu immoo isuma kan tiksuu ta'uun isaa ibsa'. Bo'oowwan lamaan gara dhumaal irratti immoo 'Nan rafe malee, rafuun akka isarra hin turre' jechuun ibsa. Kanaafuu, yaadotni kunniin kan walfaalleesan ta'uun calaqqisiisa. Kun immoo malleen dubbii mitihee jedhamu sirbicha keessatti hojiirra ooluu isaa ibsa.

Malleen dubbii sirboota Haacaaluu filataman keessatti calqqisan inni biroon tuqsee kan jedhamuu dha. Tuqseen gosoota malleen dubbii keessa isa tokko ta'ee waan tokko, bakka wayii, namas ta'ee waan biroo maqaa dhahuun akkaataa seenatiin dhiheessuuf kan gargaaruu dha. Fedhasaa (2013,f.8) "Tuqseen seenaan hojii ogumaa keessatti waa'ee iddo, namootaa fi gochaa karaa mul'atuun yookiin alkallattiin seenaa wabii godhatee kan ibsuu dha". Yaadni kunis sirbootni Haacaaluu akkamitti akka seenaa Oromoo ibsan kan eeruu dha. Haaluma

kanaan walaloon sirba Haacaaluu ‘Maalan jira’, jedhu keessaa walaloo fudhatame kana ilaaluun nidanda’ama.

Laal Galootoo, Gullalleen kan Tufaa  
 Laal Galootoo, gaara Abbichuu turee  
 Laal Galootoo, Galaan Finfinnee marsee  
 Laal Galootoo, sila akka jaalala  
 Laal Galootoo, walirraa faggaannuu  
 Laal Galootoo, jara nu fageessee  
 Koo Galaanee tiyyaa  
 Farda siida hatanii  
 Siidaa Dabaalee Sooree  
 Koo Galaanee tiyyaa  
 Erga nu daangeessanii  
 Barri turee bubbulee

Dhukawwan walaloo armaan olitti eeraman kana keessatti dhimmoonni seenaa wabeeffachuun argaman ni mul’atu. Dhuka jalqabaa keessaatti qabsoo Tufaa Munaa dhimma Finfinneen walqabtee raawwataa ture ibsuuf Gullalleen teessoo Tufaa ta’uu ishii akka wabiitti fudhachuu ergaa isaa dabarfatee jira. Dhuka lammaffaa bo’oo 3<sup>ffaa</sup>fi 4<sup>ffaa</sup> keessatti immoo fardi Siidaa Dabalee Naafxanyootaan hatamee seenaa keessatti barreeffame akka wabiitti fudhachuu ergaa barbaadame dabarfatee jira. Adeemsi fayyadama mala dubbii kun immoo tuqsee ta’uu isaa ni hubatama.

#### **4.3.2 Qaacceessa Malleen Dubbii Habalakaa fi Gurra Guddisoo / Arbeessuu**

Malli dubbii sirboota Haacaaluu keessatti mul’atu inni biroon habalaka yookiin Saadduufi (Irony) arbeessuudha. Habalakni akaakuu malleen dubbii keessaa isa tokko yommuu ta’u; ergaan isaa karaa hiika faallaa ta’een kan dhihaatudha. Saaduu hiika isaa abbaa dhaga’u / dubbisutu tattaafatee hubata malee ofisaatti ibsa homaatuu hin kenu.(Fedhasaa 2013). Kanaaf, haalli kun sirboota Haacaaluu keessatti bal’inaan kan calaqqisuudha. Yaada kanas sirba isaa qeenxee “Maalan jira” jedhu keessaa fudhachuu yoo ilaallu:

Maalan jira?  
 Maalan jira?  
 Maalan jira yagaa  
 Malan jira?  
 Caccabsee na nyaatee jiraa  
 Ani hinjiruu ani  
 Ani hin jiruu  
 Kukkuteet na nyaate tiruu

Walaloo armaan olii kana keessatti yaada dabarsuu barbaade ifatti baasee kan ibsu miti. Kanaaf dubbisaan yookiin dhaggeeffataan yaada kana hubachuuf, carraaqqii akka taasisu kan affeerudha. Sababni isaa “Maalan jira?” Maaliif? Akka ta’e; Caccabsee na nyaatee jira; eenyutu? Kanneen jedhaman kunneen tattaaffi dhaggeeffataa warra barbadanidha. Ergaa Haacaaluun mala dubbii kana fayyadamuudhaan dhimmootaafi haala yeroo sanaa karaa ifa

hintaañeen ibsuun ergaa isaa dabarfatee jira. Kunis hojichi miidhagina akka qabaatu taasishee jira.

Akaakuun malleen dubbii sirboota isaa keessatti mul'atu inni biroon Gurra guddisoo yookiin arbeessuu jedhamee beekamudha. Kunis walaloo isaa sirba qeenxee “*Jirra, jirraa*” jedhu keessaa fudhannee yoo ilaallu:

Hammeenyi ulee mataas  
 Injiraan ajjeesaa  
 Hammeenyi ulee mataas  
 Injiraan ajjeesaa  
 Jirra jirraa jirraa (x3)  
 Kunoo har'allee jirraa  
 ....Uumamni seera uumaa dabsee  
 Raajii bara kana raaja kaa  
 Erga buqqueen dhagaa cabsee...

Sirba armaan olii kana keessatti dhiibbaan ulfaataa fi cimaa ta'e tokko jiraachuu isaa agarsisa. Ergaan darbu dhageettii akka qabaatuuf immoo mala dubbii arbeessuu jedhamu kanatti dhimma baheera. Kana jechuun namni tokko hammuma fedhuuyyuu yoo mataa keessa dhahame injiraan mataa keessatti hin ajjeesu. Garuu, rakkoon baay'ee rakkisaafi suukanneessaa ta'e jirachuu isaa ibsuuf kallattii kanaan kan dhiheessedha. dhuka lammaffaa keessatti buqqueen dhagaa cabse jechuun isaa arbeessuudha.

Dabalataan calaqqeemala dubbii gurra guddisoo kan agrsiisu sirba “Maasaa gamaa lafa hinbaatu” jedhu keessaa kan fudhatame yaada kana ni mirkaneessa.

*Biyya Ormaa dhaquun nama hindhibuu*  
*Galuun nama dhibaa*  
*Biyya ofii yaa gaaddisa Garbuu*  
*Aduun nama hin arguu jarana*

Walaloo asii olii kana keessatti, dhimmoota lamatu ibsame. Isaanis, biyya ormaafi biyya ofiiti. Kana keessattis, biyya ofii keessa jiraachuun caalamaa akka qabu agrsiisuudhaaf, “biyya ofii yaa gaaddisa garbuu, aduun nama hin arguu” jechuun ibsuu isaa hubanna. Kanaaf, garbuun baala akka hin qabne osoo beekamuu ol kaafamee ibsamee jira. Kunis arbeessuun sirbicha keessatti hojiirra ooluu isaa agrsiisa.

#### 4.3.3 Qaaccessa Haala fayyadama Malleen Dubbii Nameessuu fi Fakkoommii

Malleen dubbii sirboota Haacaaluu filataman keessatti calaqqisan kan biroon nameessuudha. Nameessuun mala dubbii hojii ogumaa keessatti calaqqisu yoo ta'u; waan nama hin taane amala nاما gonfachisuudhaan kan dhiheessudha. Yaada kana Miller fi Greenberg (1991, f.66) irratti; “Personification is used inspeech and writing for giving inanimate objects, abstract concepts or actions, human or near human characteristics” jechuun ibsa. Kunis malli dubbii nameessaa dubbiifi barreffama keessatti kan hojiirra oolu ta'ee; gocha tokko amala namaatti fakkeessanii ibsuu akka ta'e eera. Haaluma kanaan malli dubbii nameessaa sirba “*jirra, jirra*” jedhu keessaatti hojiirra oole.

*Nan mammaaka na mammaaksisaa*  
*Uumamni seeraa uumaa dabsee*

*Mul'ataa adeemi naan jedhaa*

*Dukkana dukkanatti ibse*

Walaloo kana keessatti uumamni akka namaatti yeroo dubbatu argina. Kana malees, uumamni akka namatti yeroo ajaja kennutu mul'ata. Kun immoo akkaataa fayyadama afaanii ilaachisee malli dubbii nameessa jedhamu kun hojiirra oole ta'uusaa agrsiisa. Haaluma walfakkaatuun walaloo siba "Maasaa gamaa lafa hinbaatu" jedhu keessa nameessuun hojirra ooluu kan agarsisu.

*Caamsaa dhufutan moo Birraa*

*Yaa sawwileekoo, sawwan Oborii*

*Caamsaas, hin dhufnuu Birraa (x2)*

*Hindhufnu kaloo nutti bitanii*

*Kaloo nutti bitanii*

*Furdannaan albeedhaan nu fixanii*

*Maaloo...maaloo....maaloo*

*Jabbiloota koo yaa jabiloota odaa jalaa*

*Kan nama nyaatutu nu keessa jiraa*

*Maaloo...maaloo...maaloo*

Walaloo sirbaa kana keessatti yeroo sawwan akka namaatti dubbattuu fi rakkoo irra gahe himatantu dhihaatee jira. Kana keessatti waanni dhihaate gocha namaati. Gochi namaa kun immoo fuulleen osoo hin tane kallatti sawwan jedhuun kan ibsamee dha. Kun immoo malli dubbii nameessa jedhamu kan hojiirra oole ta'uusaa agrsiisa.

Malleen dubbii Sirboota Haacaaluu keessatti calaqqisan kanneen biroon mallatttoo/fakkoommiiti. Fakkoomiin malleen dubbii keessaa tokko yommuu ta'u, waan qabatamaa ta'ee ijaan hinmul'anne tokko mallaattoo waan mul'atuun bakka buusuudha. Fakkeenyaaaf, 'oda' yoo fudhanne odaan ummata Oromoo biratti gaaddisa araaraa, kan seerri jalatti tumamu ta'u mul'sa. Haaluma kanaan sirboota Haacaaluu keessatti jechoonni hawaasa Oromoo biratti yadrimee addaa yookiin fakkommii addaa qaban ni mul'atu. Fakkeenyaaaf, sirba isaa "Maasaan gamaa lafa hinbaatu" jedhu keessaa yaada fakkommii / mallattumaa bifa asiin gadiin hubachuun nidanda'ama.

Amboo Gubbaa (Yaa baala goodarree x2)

Wallaggerraan (Yaa baala goodarree x2)

Arsii gubbaa (Yaa baala goodarree x2)

Sololoorran (Yaa baala goodarree x2)

Suma abdiinkoo (Yaa bala Gofareex2)

Teepha lookoo (yaa teepha lookoox2)

Suman yaade (yaa jajjabee koo x2)

Suman yaadee (yaa qeerransoo koo x2)

Walaloo sirbaa kana keessatti jechoonni hawaasa Oromoo biratti mallattumma qabaachuun beekaman ni mul'atu. Jechoota akka goofaree, jajjabee, qeerransoo jedhaman mallattumaa namoota qabsoo Oromoo keessa yeroo dheeraaf bosona keesssatti aduu fi dheebuun dararaman ibsuuf jechoota mallattummaa qabanii dha. Yeroo baay'ee jechoonni kun mallattumma waraana Adda Bilisummaa Oromoone kan walqabatuun dha. Egaa Haacaaluunis, jechoota mallattummaa kanatti fayyadamuun ergaa isaa dabarfateera. Walumaa galatti

weelluulee Haacaaluu keessatti akkaataan itti fayyadama malleen dubbii, walleen isaa baraan jiraatoo ta'anii sammuu namaa keessatti bifa mul'achuu danda'aniin kan qindaa'an ta'uu qaaccessi asiin olitti ilaalle ragaa guddaa dha.

#### **4.4 Qaaccesssa Haala Teessuma Barreeffama Walaloo Sirboottan Haacaaluu**

Haala teessuma walaloo jechuun akkaataa waloon bo'oo bo'oonee itti taa'uufi akkataa jechoonni itti dhaabbatan kan agarsiisudha. Kana malees, ergaa walaloo tokkoo hubachuu ilaalchisee bo'oonee jalqabaa akkamitti isa lamaaffaaf akka gumaachu kan agarsisu ta'uu isaati. Haaluma kanaan sirboota Haacaaluu filataman keessatti dhaabbiin walaloo sirbbota sadan keessatti bifa garaa garaan kan mul'atudha. Kunis irradeeddeebii jechoota wal fakkaatoo, buufata keesssatti akkaataa jechoonni itti dhabbaatan kan irra deeddeebi'amaniifi sararonni gaggabaaboo warra gaaggabaaboo waliin kanneen dhedheerina qaban immoo warra dhedheeroo waliin kan qindaa'an ta'uu isaa kan agrisiisudha. Haaluma kanaan, walaloo isaa "Jirra, jirraa" jedhu keessaa fudhannee yoo illaallu:

*Sifudheen Gincii koo lixaa  
Sifudheen Gullisoo lixaa  
Sifudheen Dadar koo lixaa  
Sifudheen Shaallaa koo lixaa  
Sifudheen Gullisoo lixaa  
Sifudheen Shukutee lixaa  
Sifudheen Sabbataa lixaa  
Sifudheen Awwadaay lixaa*

Walaloo sirba kana keessatti bo'oowan keessatti jechootni haala irradeeddeebii qabuun dhaabbatanii miidhagina sirbichaaf gumaachantu mul'ata. Isaanis, jalqaba bo'oowan sirbichaa irratti "**sifudheen**" kan jedhuu fi dhuma bo'oowan walaloo sirbaa kana irratti immoo '**lixaa**' kan jedhamutu mul'ata. Kuni immoo hojichi miidhagummaa akka qabaatu taasisee jira. Yeroo tokko tokko immoo akkaataan teessuma walaloo keessatti jechoonni yeroo bo'oowan lama lamaan irradeeddeebi'an mul'ata. Haalli kunis sirboota Haacaaluu keessatti bal'inaan kan calaqqisu ta'uusaa hubanna. Haaluma, walfakkaatuun sirba isaa 'Maasaa gamaa lafa hinbaatu" jedhu keessaa fakkeenyia tokko fudhannee ilaaluun ni danda'ama:

Maasaan gamaa lafa hin baatuu (x2)  
*Talbaa facaafata taati (x2)*  
***Tokko du'ee tokko hin taa'uu***  
Walgaggalafata taati (x2)

Walaloo sirbaa armaan olii kana keessatti irradeeddeebiin jechootaa bo'oo 1<sup>ffaaf</sup> fi 2<sup>ffaaf</sup> keessatti haala wal fakkeenyia qabaniin kan mul'ataniidha. Bo'oo 4ffaanis haala walfakkeenyia qabuun dhabbatanii jiru. Bo'oo 3<sup>ffaaf</sup> n immoo akka walqabsiistuutti taa'ee bo'oowan tokkoffaa hanga arfaffaa jiran kan walitti hidhee dhabbatuudha.

Karaa biroo immoo teessumni barreeffama walaloo akkaataa beekamaa irraa maqee yeroon itti dhihaatu nimul'ata. Haalli kunis sirboota Haacaaluu keessatti nicalaqqisa. Walaloo sirba "Maalan jira" jedhu keessaa fudhatameen yaada kana mirkaneessuu nidandeenya.

*Sooretii haadha Sooree  
Irbaanni irra buusa qabaa*

*Seqanii sesseeqanii**Kan addaan nu baasan jaraa*

Walaloo sirbaa armaan olii kana keessatti akkaataa/haalli bo'oowwan keessatti mul'atu garaagarummaa kan qabaniidha. Bo'oo tokkoffaan sagalee 'ee', bo'oo lammaffaan immoo 'aa' bo'oo sadaffan immoo 'ii' kanaan kan xumuramee dha. Kana malee, ergaa walaloo kanaa bo'oo 3<sup>ffaa</sup> fi 4<sup>ffaa</sup> bo'oo 1<sup>ffaa</sup> fi 2<sup>ffaa</sup> dhimmi ergaa walalichaa/sirbichaa kan qaban osoo hin taane akka guutuutti kan tajaajilaniidha. Haaluma kanaan teessumni barreffama walaloo, walaloo/sirba tokkoof gumaacha taasisuu keessatti shoora kan qabuu fi haalli kun immoo waloo fi weellistoota adda addaa biratti garaagarummaa kan qabuu dha. Sirbootni Haacaaluu keessattis akkaataa dhimmi kun itti calaqqisu qaacceessi armaan olii kun kan mirkaneesseedha.

### **5. Goolaba**

Haacaaluun Weellisaa beekamaa, sirboota isaatiin gurra hawaasa Oromoo biratti dhaggeetii guddaa qabuu dha. Sirboonni isaa kunis miidhagina addaatiin faayamee akkaataa onnee dhaggeeffataa keessaa baduu hindandeenyeen kan hawaasa bira gahaa tureedha. Miidhaginiia fi fudhatamummaa sirboota Haacaluuf wantoota gumaachan keessaa kan qoranno kun adda baase akkaataa fayyadama afaaniti. Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalame ruqoolee fayyadama afaanii keessaa qoranno kun kan ilaale akkaataa dhamsagoonni / sagaleewwan dubbifamaa fi dubbachiiftuun irradeddeebiin jalqaba, gidduu fi xumura bo'oowwan walalichaa keessatti mul'atan kan agarsiiseedha. Akkataan hojiirra oolmaa bilbila sagalee sirboota isaas (aa, bb, cc, dd...) fi darbee darbee (abab...) kan keessatti calaqqisan ta'uun beekameera. Kana malees, akkaataa fayyadama afaanii keessaa kan qoranno kun mul'ise malleen dubbii sirboota isaa keessatti bal'inaan mul'achuu isaati. Haala kanaan, sirboota isaa keessatti malleen dubbii kanneen akka mitihee, tuqsee, nameessuu, arbeessuu/gurra guddisoo, habalaka/saaduu fi fakkoommii jedhaman sirboota isaa keessatti kan hojiirra oolanii fi miidhagina sirboota isaaf gumacha guddaa kan godhan ta'uu qoranno kun adda baaseera. Gama biraan immoo qoranno kana keessatti haalli teessumma barreffama walaloo isaa keessatti jechoonni bo'oowwan walaloo adda addaa keessatti irradeddeebiin kan dhihaatanii fi bilbilli sagalee darbee darbee kan walhinsimne ta'uun bira gahameera. Haalli kun immoo weelluulee adda addaa keessatti kan mul'atuu fi ergaa ofii kallattii barbaadneen hiika itti kennuuf kan taajaajilu akka ta'e agarsiisa. Gama biraan, immoo sirboonni Haacaaluu Hundeessaa heduminaan dhimmoota jiruu fi jirenya Oromoo waliin walqabatan hedduu kaasa. Kanaafuu, ogeeyyiin dirree qoranno kanarra jiran qaawwa gama seenaan, eenyummaa fi kkf'n mul'atan haagutaniin yaboo qorannichaati.

### **Wabiilee**

- Addunyaa Barkeessaa. (2014). *Semmo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola* Oromoo Finfinne: Far East Trading PLC.
- Awwal Sa'id. (2013). *Mijuu Ogbarruu*. Dirree Dhawaa
- Bakhtin, M. (1981). *The Dialogic Imagination: Four Essays*. Ed. by M Holquist, translated by C. Emerson and M. Holquist. Austin, Texas: University of Texas Press.
- Berhanu Matthewos. (2013). *Fundamentals of Literature*. Addis Ababa: Printed by Alpha Printers PLC.
- Clark, H. (1996). *Using Language*. Cambridge: Cambridge University Press.

- Cooper, R. (1976). *The Study of Language Use*. London: Oxford University Press
- Cresswell, J.W (2007). *Qualitative Inquairy and ResearchDesign*. (2<sup>nd</sup>.ed) Dasta Dassaalany. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Mana maxxansaa Far East Trading PLC.
- Fedhasaa Taaddasaa (2013). *Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Subi Printing Press.
- Green Berg, R.A. (1991). *Poetry on Introduction*. New York: Mc Millian Education
- Guddon, J .A. A. (1982). *A Dictionary of Literary Terms*. New York: penguin Books.
- Halliday, M. A. K and Hasan, R. (1985). *Language Context and Text: Aspects of Language in a Social Semiotic Perspective*. Victoria: Deakin university press.
- Harry Shaw. (1905). *Dictionary of Literary Terms*. New York: Mc Graw Hill Book Compan
- Jakobson, R. (1958). *Linguistic and Poetics*. In Newton K. M. Twentieth Century Literary Theory London: Macmillan
- Kraus, R.M and Chiu, C. (1993). *Language Cognition and Communication CA*: Santa Barbar.
- Leech, G. (1969). *A Linguistic Guide to English Poetry*. London: Longmans.
- Lyons, J. (1981). *Language and Lingustics an Introduction*. Cambrdge: Cambridge Univ. press.
- Pie, M. (1996). *How to Learn Language and What Language to Learn*.New York: Longman.
- Robbert, D. (2000). *Literature: Reading Fiction, Poetry and Dirama*. New York: MC Graw Hill printing
- Shaulter, E. (1988). *Contemporary Literary Criticism*. New York: long man.
- Shklovsky, V. (1917). *Art as Technique Literary Theory an Anthology*. Black Well Publishing
- Simpson, P. (2004). *Stylistics: A ResourceBookforStudents*.London: Rutledge,
- Sylvan, B. and William, E. (2009). *A short Guide to Writing about Literature*. New York: Pearson Longman.
- Yule, G. (2010). *The Study of Language*. (4<sup>th</sup>ed.). New York: Cambridge University Press.